# Macaafa Qulqulluu Daa'immaniif Dhihaate

# Qonnaan Bulaa fi Sanyii



Kan barreeffame: Edward Hughes

Kan ibsame: M. Maillot, Lazarus
Alastair Paterson

Kan dagaagsame: E. Frischbutter, Sarah S.

Kan hiikkame: Zemendale Translation Service
email: zemendale@gmail.com
Po Box 32155, Addis Ababa, Ethiopia

Kan qophaa'e: Bible for Children
www.M1914.org

©2024 Bible for Children, Inc.
Eeyyama: Seenaa kana hamma hin gugurreetti garagalfacuus
ta'ee Maxxansiifacuu ni dandeessu.

Guyyaa tokko Yasuus qarqara harootti barsiisa ture. Namooti baayyee isa dhaggeeffachuuf walitti qabaman.



Namooti walitti qabaman baayyee turan. Yasuus maal gochuu qaba?

Bidiruu isa cina jirtutti ol ba’ee.
Namoota sana in arga isaanis
isa in argu in dhaga’u.



Waa'ee Waaqayyoo seenaa
waa'ee amnatii fakkeenya
gargaraa barsiisuu eegale.



Seenaan Yasuus isaanitti barsiisus fakkaattii. “Qonnaan bulaa oyiruu isaa irra sanyii facaaseti.”



Namooti qonnaan bulaa hojiitti jirutti fudhatu - yeroo baayyees arganiiru.



Sanyii muraasin karaa maaddii bu’e. Simbirrooti funaannatan.



Sanyii kaan immoo lafa dhagaa biyyee hin qabne irra bu'e. Biqilaa qalloo dheeraa ta'uun ariitiin biqilu. Yammuu aduun itti baate garuu in coollagan;

hidda gad fagoo waan hingodhatiniif in gogan.




Sanyii warri biroon ammo qoraattii keessa bu'uun hidda yaafata, Ijas hin godhanne. Qoraattonn guddattanii hudhanii bokkaa fi ifa aduu barbaachisu irraa dhorkan.

Sanyii warri hafa ammo biyyee lafa gaarii irra bu'an. Akkuma yeroon dabalaa deemuun hiddi isaa biyyoo gaarii irratti waan biqileef fayya buleessa ta'uu firii baaye godhatan. Qonnaan bulaan sun baayyee gammadde.



Dhuma seenichaatti duuka boototi gara Yasus dhufan. “Maaliif fakkeenyaan barsiisuun barbaachise?” jechuun gaafatan.



Fakkeenyaan barsiisuun namooti yoo dhugaatti Waaqayyoon jaalatan akka isaan waa'ee Waaqyyoon hubatan taasisa.




Fakkenyicha Yasus ibse. Sanyiin sagalee Waaqayyooti. Sanyiin karaa maddiitti faca'e eenyu illee dubbii mootummichaa
dhaga'ee yoo hubachuu dhaabaate, inni hamaan
dhufee dubbicha isa garaa isaa keessatti facaafame in butata.

Namootin muraasin dafanii sagalee Waaqayyoo fudhatu. Akka sanyii lfa dhagaa irra bu'ee. Garuu akkuma sanaan naming ta'e tokko isaan gowwoomse ykn haala itti cimse Waaqayyoo jaalachuu irraa aarii keessa seenu.



Akkasuma namin dubbicha dhaga'ee achumaan gammachuudhaan in fudhata. Inni yeroodhaaf malee hundee hin qabu; sababii dubbichaaf rakkin yookiin ari'atamuun yammuu ka'u achumaan in gufata.



Fakkeenyi hudhaa
qoraatti keessaa;
naming dubbicha
in dhaga'a; kana
booddees yaaddoo
biyya lafaa;
gowwoomsaan
dubbicha in hudha,
ija utuu hin
godhatins in hafa.



Fakkeenyi sanyii lafa gaaii irra bu'ee akkuma nama dubbicha dhaga'ee hubatee ijas in godhata, dubbiin sagalee Waaqayyoo laphee isaa keessa galee jireenya namoota in geeddara. Namooti Waaqayyoon akka tajaajilanii fi isa kabajan taasisa.



Namootin baayyeen wallitt qabamanii Yesusiin dhaggeeffachaa turan deemuu hin barbaadine. Baayyen isaanii Yesusiin duukkaa bu'uuf fedha godhatan. Fakkeenyaan barsiisuun gooftaa Yasuus Waaqayyoon hubatanii akka abbooman isaan gargaare.



# Qonnaan Bulaa fi Sanyii

Seenaa Sagalee Waaqayoo Macaafa Qulqulluu

kan keessatti argamu

Maatiyoos 13

“Saaqamuun dubbii keetii ifa in kenna.”
Faarsaa 119:130

# Xumurameera

43

60

Seenaan Macaafa Qulqulluu kun kan haasa'u waa'ee Waaqayyo keenya Isa dinqii Isa nu uumeefi Isa akka Isa beeknu barbaaduuti.

Waaqayyo wanta hamaa isa Inni cubbuu jedhuun akka raaw'anne ni beeka. Adabbiin cubbuu du'a. Waaqayyo garuu guddaa si jaallata, kanaaf cubbuu keetiif akka fannoorratti du'uufi akka adabamuuf Tokkicha Ilma Isaa Yesuus dabarsee siif ni kenne. Sana booda Yesuus gara jireenyaatti deebi'ee gara iddoo jireenya Isaa gara Waaqaa ni deeme! Yesuusitti amantee cubbuu keetiif akka siif dhiisuuf yoo Isa gaafatte, Inni siif ni dhiisa! Yeroo kana dhufee si wajjin ni jiraata, akkasumas immoo atis Isaa wajjin bara baraaf ni jiraatta.

Inni kun dhugaa ta'uu isaa yoo amante, Waaqayyoon akkas jedhiin: Yaa Yesuus, Ati Waaqayyo ta'uu kee fi cubbuu kootiif du'uuf jettee akka annaf dhufte nan amana, ammas kunoo deebitee ni jiraatta. Maaloo gara jireenya kootti koottuutii amma jireenya haaraa akkan jiraachuu akkan danda'uufi guyyaa tokko sin wajjin bara baraaf jiraachuuf gara kee akkan dhaquuf cubbuu kootiif naaf dhiisi. Abboommii kee akkan eeguufi akka mucaa keetti akkan jiraadhuuf na gargaari. Ameen.

Macaafa Qulqulluu dubbisiitii guyyuma hundumaa Waaqayyoo wajjin dubbadhu! Wangeela Yohaannis 3:16